PUBLIC HEALTH DIVISION
Kate Brown, Bulchaa

Oregon Health Authority

800 NE Oregon
Portland OR 97232
COVID.19@dhsoha.state.or.us
healthoregon.org/coronavirus

Guyyaa Hojiirra Itti Oolu: Muddee 21, 2020

Qajeelfama Seektara – Giddu-galaawwan Ga’umsa-qaamaa Mana keessa fi Bashannanaa Mana keessa

Aangoo: Ajaja Adda Ta'e Lakk. 20-66, ORS 433.441, ORS 433.443, ORS 431A.010

Kan ilaallatuu: Qajeelfamni kun kan ilaallatuu:

- giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa; fi
- namoota hundaa, liigota, leenjistoota, hoggantoota, taphattootaa fi daaw'attoota, atileetiksii K-12 fi kolleejjii yeroo giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessaa fi bashannanaa mana keessa fayyadaman ykn irratti hirmaatan.

Hubachiisa: Sadarkan balaa kaawuntii giddu galan itti argamuf kenname hammam iyyuu yoo ta’e giddugaleessoni namooni dullooman waliin keessa jiraatan hojjachuu hin eyyamamuf.

Raawwatamummaa: Akkuma Ajaja Adda Ta'e Lakk. 20-66, keeyyata 10 keessatti ibsametti, hamma qajeelfamni kun tumaalee murtaa'n kabaju gaafatutti kan hojiirra ooluu ta'a.

Hiikkaawwan: Kaayyoowwan qajeelfama kanaaf, hiikkaawwan armaan gadii hojii irra ooluu:

- “Ispoortiiwwan waliin-tuttuqii-guutuu” jechuun ispoortiiwwan hirmaattota gidduu barbaachisummaa ykn carra waliin-tuttuqii qaamaa dhihoo irra deddeebi'u addaan hin cinne qaban of keessatti haammataa; kunis seera barbaachisummaa ykn carra waliin-tuttuqii qaamaa dhihoo kan irra deddeebi'u addaan hin cine hambisuun yoo taphatame malee, ispoortiin kun kubbaa miilaa, rugby, wal’aansoo wal qabuu, cheerlading, kubbaa kaachoo, tapha-cabbiirraa, shubbisa, polo bishaan, fi lacrosse dhiirotaa, dabalata garuu kanan kan daangeffamu miti.
- “Iddoowwan bishaan kuufamaa fayyadama waliigalaa” jechuun iddoowwan bishaan kuufamaa gurguddoo kan akka bishaan daakaa mana qopheessaa fi bishaan daakaa giddu gala hawaasaa dabalata garuu kanan kan daangeffamu miti.
- “Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa” jechuun giddu-galaawwan sochiwwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa kan akka ispoortiiwwan K-12 mana keessa, ispoortiiwwan kolleejjii mana keessa, leenjii dhuunfaa mana keessa fi shubbisa mana keessa itti gaggeeffamuu, iddoowwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa, kan jiimii, dirreewwan mana keessa fi bishaan daakaa mana keessa dabalatu garuu kanan kan daangeffamu miti.
- “Iddoowwan bishaan kuufamaa fayyadama murtaa'a” jechuun iddoowwan bishaan kuufamaa faasiiliitiiwwan waliin deeman kan akka gamoowwan apaartimantii,

hoteela/moteela, kilabii dhuunfaa, kaampii waldaa ykn dhaabbata walqabateen tajaajila keennan, fi iddoon bishaan kuufamaa kun fayyadama jiraattota, maamiltota ykn miseensotaf murtaa'e dha.

- ″Ispoortiiwwan waliin-tuttuqii xina-fi giddu-galeessa" kubbaa sooftii, beezboolii, kubbaa miilaa, kubbaa kaachoo, lacrosse dubartootaa, fi kubbaa miilaa alaabaa dabalata garuu kanan kan daangeffamu miti.
- “Mana-alaa” jechuun iddoo banaa alatti kan gaaddisa yeroodhaaf ykn dhabbata qabuu danda'u (fkn. sharaa ykn baaxii) fi cinaachawwan isaa irraa yoo xiqqaate dhibbantaa faana iskuweeri torbaatama shanii ol kan ta'u karaa qilleensaatiif banaa kan ta'e kamiyyuu.
- “Ispoortiiwwan waliin-tuttuqii hin qabne” ispoortiiwwan teenisii, bishaan daakuu, qaxxaamura-biyya, tiraakii fi dirree, jajjabeessuu fi shubbisa waliin-tuttuqii hin qabne/bukke dabalataa garuu kanan kan daangeffamu miti.

Akka qajeelfama waliigalaatti, gareen xixiqqoon guddaarra nagaa qabessa; iddoowwan mana alaa iddoo mana keessa irra nagaa qabessa; ispoortiin namoota biroo irraa fageenya faana jaha (6) ykn isaa ol mirkaneessuu caala, kan waliin-tuttuqii dhihoo barbaadutu irra nagaa qabessa; fi yeroo gabaabaan dheeraarra irra nagaa qabessa dha. Gegeessitooni iddoowwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa lakkuma tapha fi hojitti deebi'uf karoorfatan haalawwan kanneen hunda hubannoo keessa galchuu qabu.

Ispoortiiwwan waliin-tuttuqii-guutuu yeroo ammaa kana dhoorkaa dha. Leenjii fi wantoota waliin haala mijeesun, akka ispoortii ulfaatina kaasu, shaakala fiiguu fi garee lama jidduu godhamu, waliin-tuttuqii-guutuu gosa kamiiyyuu hin dabalatu.

Ispoortii mana barumsaa K-12

Sochiiwwan qaamaa keessatti hirmaachuun fayyaa fi nageenya dargaggootaati baay’ee barbaachisaadha. Qajeelfamni kun utuma carraa sochiiwwan qaamaatiif dhiyeessuu akka carraa tatamsa’ina dhibee COVID-19 hir'isu kan yaadamedha. Qajeelfamooni Ispoortii Mana Barumsaa K-12 amma sadarkaa carraa saaxilamuu COVID-19 kaawuntii (xiqqaa, giddu galeessaa, ol’aanaa, baayyee ol’aanaa) irratti kan hundaa'ani dha. **Qajeelfamooni Ispoortii Mana Barumsaa K-12 kana booda moodela barumsaa mana barumsaatti waliin walitti hidhaa mitti**. Sochiilee hojii mana barumsa irratti odeffanno dabalataf barumsa qaamaan dhiyaatanii barachuu irra deebiidhaan banuuf qajeelfama ODE ilaali.

Sochiilee hojii:

Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Qajeelfama Maaskii, Haguuggii Fuulaa, fi Gaachana Fuulaa Naannoo-maraa irra deebi'uu fi hojiirra oolchuu.
  - Namonni hunddi akka Qajeelfama Maaskii, Haguuggii Fuulaa, fi Gaachana Fuulaa Naannoo-maraa kabajaan mirkaneessuu.
  - Maaskii, haguuggii fuulaa ykn gaachanni fuulaa yeroo hin danda’amne, kan akka yeroo bishaan daakanii ykn yeroo shaworii fudhatan, kawachuun hin barbaachisu. Haguuggii fuulaa kun kan ati qabamte jirtuu taanaan namoota biroo

eeguuf kan fayyaduu dha. Namoonni dhukkubni itti dhagahamuu baatullee dhibee COVID-19 namoota birooti dabarsuu danda'u.

- Iddoowwan mana alaa kamiyyuu tajaajilaaf ykn opireeshiniif kan uumaman ykn oolan hikkaa “mana alaa” kan guutan ta'uu isaanii mirkaneessu. **Yoo iddoon tokko hiika mana alaa hin guutne ta'e, tajaajilli ykn opireeshinichi akka mana keessaa lakkaa’ama, kanaaf ulaagalee fi qajeelfamoota hojjii mana keessa kabajuu qabaa.**
- Erga cufama yeroo dheeraa booda hojjechiisuf faasiliitiiwwan fi meeshaaleen hundi nagaa ta'uu isaani fi haala gaariirra jiraachuu isaanii mirkaneessuu. Kan hojjii kana qajeelchuu qaban maanuwaalii ooppireeshiinii fi suphaa, akkasumas adeemsawwan hojjii istaandaardii idha.
- Kutaaleen saa’una fi hurkaa akkuma cufaman itti fufuu.
- Iddoowwan kunuunsa daa'immanii akkuma cufaman itti fufuu.
- Sagantaa daa'immanii fi dargaggootaa kamiifuu Qajeelfama Deebi'anii Banuu Naannoo-maraa kan Sagantaa Dargaggootaa ilaalufi fi hojiirra oolchuu.
- Mallattoowwan ifa ta'an mallattoolee COVID-19 tarreessan, namoonni dhuunfaa mallattoolee agarsiisan akka mana turan gaafatan, yoo gargaarsa barbaadan eenyu qunnamu akka qaban ibsan maxxansuu.
- Mallattoowwan ifa ta'an waa'ee barbaachisuma maaskii, haguuggii fuulaa, ykn gaachanaa fuulaa maxxansu.
- Naannoo simannaa, kutaawwan qabeenya dhuunfaa itti kaa'aman fi naannoo meeshaalee beekamoo dabalate faasiiliitii guutuutti addaan fageenya qaamaa jajjabeessuuf mallattoowwan fayyadamu.
- Sirnawwan veentileeshinii sirriti akka hojjettan mirkanessu. Foddaa fi balbala banuudhaan hamma danda'ametti haala naanneessa qilleensaa fi veentileeshinii dabaluu. Bakkawwan mana keessatti, qilleensa mana keessa fi alaa naanneessuf meeshaan qilleensa afarsuu yeroo foddaa ykn balballi banamu qofa hojji irraa ooluu qabaa. Foddaa fi balbala banuun hojjattoota, daa'imman ykn maamiltoota balaa nageenyaa dhaaf kan saaxilu yoo ta'e hin baninaa.
- Meshaale marfama, tiraakii, fi kkf dhaf, bakka dandda'amutti, tiraafikaa gara kallattii tokko yaa'uu hundeeffachuu. Tiraafikaa gara kallattii tokko akka yaa'uu qajeelchuuf mallattoowwan fayyadamu.
- Buufatalee harkaa itti dhiqatan ykn qulqulleessituu harkaa (alkoolii 60-95% qabu) kan hojjattootaa fi maamiltootni itti fayyadaman faasiiliitii guutuutti dhiyeessuu.
- Akkuma hojii irra ooluun, odeeffannoo waa'ee qabiinsaafi fi raabsaa nyaataf Qajeelfama Giddu-Galaawwan Nyaataafi Dhugaatii ilaalu.
- Bashannanaa mana keessa deebi’anii itti fufuu fi giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa deebi'anii banuu dura odeeffannoowwan faasiiliitii fi imaammata hunda namoota dhuunfaaf, akkuma hojii irra ooluun, beeksisu.
- Qajeelfama Waliigalaa Hojjattootaa fi Dhaabbatotaaf irra deebi'uu fi hojiirra oolchuu.

Hanga danda'amu, giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuu qabu, garuu irraa hin eegamu:

- Lakkoofsa namoota faasiiliitii keessatti argamuu daangessuuf yeroo giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessaf sirna beellamaa qabaachuu hubannoo keessa galchu. Akkuma bulchiinsa faasiiliitii dhaan murtaa'uu fi beeksifamun fayyadama yeroo fixxe hin taanetti jajjabeessuu.
- Keessumaayyuu namoota dhibee COVID-19 kanaaf haalan saaxilamoo tahan kan akka namoota umurii waggaa 60 ol ta'an fi dhibee biroo qabanif kutaawwan ga’umsa-qaamaa viirchuwaalii dhiyeessu hubannoo keessa galchu.
- Maamiltootni qaruuraa bishaan guutuu kan ofi isaanii gara faasiiliitiiti akka fidan ciminaan jajjabeessu.
- Sadarkaa carraa saaxilamuu kaawuntii irratti hundaa'e sochiin sun kan hin eyaamamanee yoo ta’ellee, leenjiiwwan hojjettoota yeroo ariifachiisaa dabalatee sochiiwwan hojii deebii yeroo ariifachiisaa wajjin walsiman heeyyamu. Sochiiwwan akkasii kan adeemsifaman yoo ta'e, ulaagalee fi qajeelfamni OHA ammayyuu hojii irra ooluu.

Giddu-galaawwan kan iddoo bishaan kuufamaa, ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa hojjatan kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- OAR 333, Division 60 kabajuu.
- Hojjetoonni (warra nama bishaan daakuu eegan dabalatee[1]) yeroo bishaan keessa HIN JIRRE maaskii, haguuggii fuulaa ykn gaachana fuulaa akka uffatan godhuu.
- Iddoowwan bishaan kuufamaa spa mana keessaf, fayyadamiinsa iddoo bishaan kuufamaa tokkoo yeroo tokkootti maatii tokkof daangessi. Gegeessitooni tarii bakka qabannaa daqiiqa 15 tti tilmaamu hubannoo keessa galchu danda'u.

Addaan Fageenya fi Keessa Turuu:

Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaan irraa eegama:

- Sadarkaa carraa saaxilamuu kaawuntii giddu galan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa itti argamuf kenname irratti hunda'aun dandeettii ol’aanaa dhaabatichaa daangessu.
- Namoota dhuunfaa jidduutti yoo xiqqate fageenya qaamaa faana jaha (6) akka eegamu mirkanessu.
- Yoo nagaan raawwatamu danda'e, kan qajeelfama naannoo kamiiyyuu hin cabsine ta'e, akkasumas yeroo hirmaattonni fi barsiiftoonni fageenya qaamaa faana jaha eeguu danda'an, kutaawwan ykn sochiiwwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa alatti godhachuu hubannoo keessa galchu.
- Akkuma hojii irra ooluun, buufataalee meeshaalee sochii qaamaa kanneen yoo xiqqaate addaan fageenya faana jaha (6) qabanin daangessu. Addaan fageenya qaamaa

[1] Seeronni Bulchinsa Oregon kan iddoowwan bishaan kuufamaa kan Oregon keessa jiran to’atan gosa iddoo bishaan kuufamaa tokkoo tokkoo isaaniitiif ulaagalee adda addaa qabu. Fakkeenyaaf, iddoowwan bishaan kuufamaa fayyadama murtaa'a ta'an baay'eef wara nama bishaan daakuu eegan hin barbaachisu. Yoo faasiiliitiiti keef wara nama bishaan daakuu eegan qabaachun hin barbaachisu ta'e, ati kutaa qajeelfama sana dhiisuu dandeessa.

mijeessuf meeshaalee sochoosun kan hin danda'amne yoo ta'e, akka namni itti hin fayyadamne ugguramuu qaba.

- Akkuma hojii irra ooluun, taphattooni gara waliin-tuttuqii kallattiitti akka hin dhufne ittisuuf meeshaaleen taphattootaa addaan fageesuu.
- Leenjii dhuunfaa tokkoo tokkoof, leenjisaa fi maamila gidduu fageenya qaamaa faana jaha (6) eeguu. Leenjisaa fi maamilaan harka saamunaa fi bishaan ho'aadhaan ykn qulqulleessituu harkaan (alkoolii 60-95% qabu) battalumatti beellama duraa fi booda dhiqachuu qabu.
- Miseensoni paartii tokkoo sochiiwwan irratti waliinii hirmaachuu akka danda'anii fi fageenya qaamaa faana jaha (6) eeguu akka hin qbnee hirmaattota, daawwattootaa fi maamiltoota beeksisuu.
- Bakka ittiin senan, ittiin ba’an, mana fincaanii fi nanno birra bakka namni walitti qabamu hunda dabalate, ulaagalee addaan fageenya qaamaa hunda akka kabajaman mirkaneessuuf nama addaan fageenya qaamaa hordofuu ramaduu.
- Fageenyi qaamaa faana jaha (6) eegamu akka danda'mu lakkofsa namoota gara giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa seenan daangessuuf karoora qopheessu. Lakkofsa namoota naannoo iddoowwan bishaan kuufamaa keessa jiran daangessuf gegeessitooni tarii sirna bakka qabannaa hojii irra oolchuu hubannoo keessa galchu danda'u.
- Yeroo qophiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessa hedduun giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa ykn bashannanaa mana keessa tokko irratti kan raawwataman yoo ta'e, gegeessitooni ga’umsa-qaamaa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaanirraa eegama:
    - Hojjattoota, hirmaattota fi daaw'attoota qophiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessa iddoowwan akka mana fincaanii, karaa kutaawwan gidduu jiru, kiyooskii ciree irraa bitatan dabalatee, garuu kanan kan daangeffamu miti, waliin hin qoodanne mirkaneessuu.
    - Qophiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessa walitti aanan giddutti bakkoonni yeroo baayee tutuuqaman kan akka qabnnaawwan harkaa balbalaa qulqulesuu fi sanitizzi gochu.
    - Qophiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessa walitti aanan giddutti bakkoonni namoonni baay’inaan irra deddeebi’an kan akka bakka ittiin senan, ittiin ba’an, gabateewwan seennaa, mana fincaanii, naannoowwan kiyooskii ciree irraa bitatan akka qulqullaa'anii fi sanitizzi ta'an mirkaneessuu.
        - Yoo hojjettoonni, hirmaattonnii fi daaw'attoonni qophiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa mana keessa tokko kan mana fincaanii waliin qoodan ta'e balbala seensa/itti ba’an akka banaa ta'e dhiisaa, yoo danda'ame, akkasumas meeshaalee harkaan tuqaman kanneen akka qabnnaawwan harkaa balbalaa istaali fi boombaalee yeroo yeroon qulqullaa'anii fi sanitizzi ta'an mirkaneessu.

Hanga danda'amu, giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuu qabu:

- Stagger gaheera yeroo baayee kan nama gaddisisuu fi entrances, exits bakka seensa, ittiin ba’an, fi mana fincaanii irratti waliiti qabamu hir'isuu fi ulaagalee addaan fageenya qaamaa hordofuuf yeroo namoonni ittii dhufaan fi itti ba’an addadda godhuu.
- Seensa fi ba'umsa irratti mallattoo qaban gara kallattii tokko jajjabeessu, garuu ba'umsa yeroo abiddaa akka hin cufamne godhuu. Tiraafikaa gara kallattii tokko akka yaa'uu qajeelchuuf mallattoowwan fayyadamu.
- Bakka minjaala simannaa ykn iddoowwan biroo fageenya qaamaa faana jaha (6) hojjattootaa fi maamiltoota gidduu eeguun ulfaataa ta'etti ittisaa pilaastikii qulqullaa'aa ta'e ykn daawwitii dhaabachuu hubannoo keessa galchu.
- Fageenya qaamaa mirkaneessuuf, yeroo hin hirmaanne, namoota dhuunfaaf naaannoo adda bafame kennu.

Giddu-galaawwan kan iddoo bishaan kuufamaa, ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa hojjatan kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Akka namni tokko fageenya qaamaa faana jaha (6) eeguu danda'u mirkaneessuuf bifa deekii iddoo bishaan kuufamaa jijjiruu.
- Iddoon bishaan kuufamaa daakaa dheerinaf kan ooluu ta'e, akka namooni dhuunfaa gara bishaani karaa faallaatiin seenan fi ba'an akkasumas isaan gidduu fageenya qaamaa faana jaha (6) eeguu akka danda'n karoora qopheessu fi hojiirra oolchuu. Dhuma xuree dabalatee walitti qabama namoota faasiiliitiiti keessatti dhoorkuu.
- Fageenya qaamaa faana jaha (6) eegachuu eeyyamu namoota dhuunfaaf naaannoo itti eegan adda bafame kennu.

kutaawwan qabeenyi dhuunfaa itti kaa'aman:

Gegeessitooni giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kutaawwan qabeenyi dhuunfaa itti kaa'aman fayyadamuu kan eeyyaman yoo ta'e, kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- lakkofsa namoota dhuunfaa yeroo tokkoti bakka dhiqaannaa fi kutaa jijjiraa fayadaman daangessuf karoora qopheessu fi hojiirra oolchuu.
- Namoota jidduu yoo xiqqate fageenya qaamaa faana jaha (6) eegudhaf karoora qopheessu fi hojiirra oolchuu.
- Kutaan qabeenyi dhuunfaa itti kaa'amu lakkofsa namoota yoo baay'ate qabachuu qabuu ool akka hin qabanee mirkaneessu. Kutaan qabeenyi dhuunfaa itti kaa'amu sana lakkofsa namoota yoo baay'ate qabachuu qabuu murteessuf yoo xiqqaate faana iskuweeri 35 nama tokko irratti hunda'un faana iskuweeri kutaa qabeenyi dhuunfaa itti kaa'amu guutummadhan fayyadamu.
- Bakka ittiin senan, ittiin ba’an, mana fincaanii fi nanno birra bakka namni walitti qabamu hunda dabalate, namooni dhunfaan ulaagalee addaan fageenya qaamaa hunda akka kabajan mirkaneessuuf nama addaan fageenya qaamaa hordofuu ramaduu.

Qulqulleessuu fi Sanitizzi Gochu:

Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Dhaabbatni ga’umsa-qaamaa waliin walqabatu erga cufama yeroo dheeraa booda deebi'anii banuu dura naannoo hunda sirriti qulqulesuu. Qulqulleessoota mana kan tarreeffama vayirasii SARS-CoV-2 kan dhibe COVID-19 fidu ittisuuf kan Ejensii Eegumsa Naannoo (EPA)'n[2] galmaa'an itti fayyadamaa.
- Akkuma hojii irra ooluun, namooni meeshaalee hunda (fkn. kubbaa, ulfaatina, maashinoota, kkf) hatattamaan fayyadamaa dura fi booda kan tarreeffama vayirasii SARS-CoV-2 kan dhibe COVID-19 fidu ittisuuf kan EPA'n galmaa'an fi jimiin dhihatan itti haqan gafachuu. Dhangala'aan alkoolii 70%-95% qabuu fudhatama qaba.
- Naannoo hojii, bakkoonni namoonni baay’inaan irra deddeebi’an, fi bakkoonni yeroo baayee tutuuqaman qulqulleessuu fi sanitizzi gochu.
- Namonni hunddi qulqulleessituu harkaa isani fayyadama dhunfaf akka fidan jajjabessu. Gegeessitooni giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa akka buufatalee harkaa itti dhiqatan fi/ykn qulqulleessituu harkaa dhiyeessan ni jajjabeeffama.
- Mana fincaanii guyya guyyan yoo xiqqate yeroo lama sirriti qulqulesuu fi dhiyessi qulqullinaa sirri (fkn. saamuna, waraqa mana finccani, qulqulleessituu harkaa alkoolii 60-95% qabu) guyyaa guutuu jirachuu akka argaman mirkaneessu. Gegeessitooni giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa imaammata “one-in-one-out” jedhamu, yeroo tokkotti mana fincaanii keessatti bakka namni tokko qofti itti eeyyamamu fayyadamu hubannoo keessa galchu danda'u.

Giddu-galaawwan kan iddoowwan bishaan kuufamaa, ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa hojjatan kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Iddoo bishaan kuufamaa erga cufama yeroo dheeraa booda deebi'anii banuu dura naannoo hunda sirriti qulqulesuu. Addaati, iddoowwan bishaan kuufamaadhaf:
  - Legionella ittisi: Yoo faasiiliitiin yeroo dheeraadhaf cufame:
    - Sirna bishaan kee, ho'aa fi qorraa lachuu bishaan itti naqii. Kaayyoon bishaan itti naquu kun sarara bishaan gamoo keessa jiruu hunda bishaan haaraan bakka busuufi.
    - Hanga bishaan ho'aan hoinna isaa ol'aanaa bira gahutti itti naquu.
    - Yeroo itti naqamuu akka hin facaane fi aerosol hin umamne of eeggannoon godhamuu qaba.
    - Meeshaleen bishaan biro kan akka mashinota cabbie, bishaan itti naquu tarkkanffi qulqullessu dabalata kan akka cabbie duraani keessaa darbu barbbadu danda'u. Qajeelfama oomishtootaa meeshaalee bishaan fayyadamuu hordofu.

[2] https://www.epa.gov/pesticide-registration/list-n-disinfectants-use-against-sars-cov-2

- Baniinsa puulii dura hojjattoota suphaa ykn dhaabbata suphaa puulii dhan meeshaalee tamsaa'ina puulii haala gaari irratti jirachuu isaani fi sadarkaa qulqulleessoota mirkaneessuu.
- Hojjettoonni wara nama bishaan daakuu eegan yeroo hojii irra jiran qulqulesuu fi sanitizzi gochu dhoorkuu.

Hanga danda'amu, giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuu qabu, garuu irraa hin eegamu:

- Maamiltoonni harka saamunaa fi bishaaniin sekondii 20f akka dhiqatanii fi/ykn qulqulleessituu harkaa (alkoolii 60-95% qabu) sochiiwwan ga’umsa-qaamaa ykn bashannanaa duraa fi booda battalumatti akkasumas turtii isaanii keessa yeroo baayee akka dhiqatan ciminaan jajjabeessu.
- Yeroo gamoon duwwaa jiru torban torbaniin fi fayyadama gamoo idilee deebi’anii itti fufuu dura ujummoo bishaanii bishaan itti naquu. Bishaan ujummoo keessa ciisu Legionella fi baakteeriyaa dhukkuba fidan biroof haalawwan guddina fi babal'ina mijaa'aa uumuu danda'u (Qajeelfama Sirna Bishaanii Gamoo Cufama Dheeraa Booda Deebi'anii Banuuf ilaali).

Namoota Waliin Tuttuqii Dhihoo Qaban Hordofuu:

Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Odeeffannoo qunnamtii, guyyaa fi yeroo hirmaattota, daawwattootaa fi maamilan giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa fayyadaman galmeessuu. Giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanaan wal qabatee haali COVID-19 poozativii ta'e yoo jiraate, ogeessonni fayyaa hawaasaa dhaabbatichi odeeffannoo kana qorannaa namoota waliin tuttuqii dhihoo qaban hordofuuf akka dhiyeessuu barbaadu danda'u. Akka biroo yoo barbaadame malee, odeeffannoon kun saganticha irraa guyyaa 60 booda dhabamsiifamu danda'a.

Hanga danda'amu, giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuu qabu, garuu irraa hin eegamu:

- Saganttaa giddu gala ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa jalqabuu dura hirmaattota iskiriinii, daawwattootaafi maamiltoota kan akka gaaffiilee kanneen gaafachuu:
  - Qufa'aa haaraa ykn kan hammaachaa deemu qabaattee beektaa?
  - Ho'iinsa qaamaa/leygdaa qabaachaa turtee?
  - Rakkina hargansuu qabaachaa turtee?
  - Namoota malatoolee kanneen qaban ykn namoota guyyoota 14'n darban keessatti dhibee COVID-19 kanaan qabaman waliin tuttuqii dhihoo qabdaa turtee?

  Yoo hirmaattonni, daawwattoonni ykn maamiltoonni gaaffiiwwan iskiriinii kamiifuu deebii ″eeyyee″ yoo kennan, manatti akka deebi'an fi gara faasiiliitiichaa deebi'uuf qoricha osoo hin fayadamin yoo xiqqaate sa'aatii 24'f ho'iinsa qaamaa dabalate malatoolee iraa bilisa ta'anitti, ykn nama qufa'aa, ho'iinsa qaamaa, ykn dhibee COVID-19 kanaan qabame waliin tuttuqii dhihoo godhan irraa kaase yoo xiqqate guyya 14'f eegan gaafadhu.

- Hirmaattota, daawwattoota ykn maamiltoota mallattoolee dhukkuba mul'isan hatattamaan faasiiliitiichaa dhiisanii akka bahaani fi malatooleen sana qoricha malee furamanii booda hanga sa'aatii 24 tti hin deebinetti ciminaan jajjabeessu.
- Hirmaattota, daawwattootaa fi maamiltoota dhibee COVID-19 hamaaf haalan saaxilamoo tahan (namoota umurii waggaa 65 ol ta'an fi dhibee biroo qaban) caraa saaxilamuu isaanii hir'isuuf mana taa'uu akka itti fufan ciminaan jajjabeessu.

Leenjii fi Taphaa:

Giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuutu isaanirraa eegama:

- Hirmaattota giddutti tapha taphachuuf waliin tuttuqii barbaachisu keessaa xiqqaan ykn giddu galeessi qofti akka jiru mirkaneessu.
- Harkka qabuun, harka ol qabani dha'uu, ciqilee/aboottee, ykn wal hammachuudhaan nagaa wal gaafachuu fi kabaja garee dhoorkuu.

Amma danda'ametti, liigii, gareewwan, leenjistootaa fi aanga'oota dabalatee giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa kanneen gochuu qabu, garuu irraa hin eegamu:

- Yeroo danda’amu, taphattootni meeshaa mataa isaanii qofa akka fayyadaman jajjabeessuu. Yeroo danda’amu, meeshaalee waliif qooduu hir'isuu ykn hambisuu.
    - Meeshaaleen murteessaa ta'an tokko tokko taphataa tokkoon tokkoon isaaniif argamuu dhiisuu danda'u. Yeroo meeshaalee murteessaa ykn murtaa'n waliif qooduun barbaachisus, meeshaalee qoodaman tokkoon tokkoon isaanii akka ispoortiitiif mijataa ta’en (fkn taphattoota, yeroo, sagantaa, ykn tapha gidduu) irra deddeebiin qulqullaa'uu fi sanitizze ta'u qabu, Qulqulleessoota mana kan tarreeffama vayirasii SARS-CoV-2 kan dhibe COVID-19 fidu ittisuuf kan Ejensii Eegumsa Naannoo (EPA)'n galmaa'an itti fayyadamaa.
    - Meeshaalee kallattiidhaan mataa, fuula fi harka qunnaman hunda isaanii xiyyeeffannaa dabalataa fi bal'inaan qulqulleessuu.
- Fageenya qaamaa mirkaneessuu fi walitti qabama namoota ittisuuf akka danda'amu, shaakala irratti leenjistoota, gorsitoota fi taphattoota qofa akka argaman godhuu.
- Namonni shaakala durarra irraa jiran hundi osoo gareen itti aanu hin seenin dura mooraa gadi dhisuu akka danda'u shaakala fi taphaa gidduti yeroo gaha karoorsuu. Kun walitti qabama seensa, ba'aa fi mana finccani irratti jiruu ni xiqqeessaa akkasumas faasiliitiiwwan/meeshaalee sanitizzi godhuuf yeroo gahaa dhiyeessa.
- Namonni hunddi inni gara mooraa karaa adda bafamen akka seenan fi karaa adda baafameen akka ba'an gaafachuu. Ba'umsi yeroo abiddaa akka hin cufamne godhuu.
- Hojjattoota, taphattootaa fi daaw'attoota hanga sagantaan shaakala ykn yeroo taphaa mooraa ala (fkn konkolaattota keessatti) akka turan jajjabeessuu. Kun akka namoonni osoo hin seenin dura mooraa akka gadi dhiisan ni hayyama akkasumas walitti qabama ni xiqqeessaa.

Imala

Imalii naannoo alaatti godhamuu carra tatamsa’ina dhukkuba ni dabala. Imalii dheera xiyyaaraan deemuu, kan biyya keessaa dabalate, ofi isaatiin, carra tatamsa’ina dhukkuba ni qabaa. Yaaddoon guddaan, akkasumas boodarratti balaan guddaan, saaxilama dabalataa yeroo goree buufata xiyyaaraa qilleensarratti jiruu dha.

Atileetonni gara ykn giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa irraa imaluu kanneen gochuu qabu:

- Yeroo goree saaxilamaa warren kutaa imala ala jirani irraa daangeesu:
    - Miseensonni kutaa imaltootaa hundi konkolaachistoota dabalatee, yoo konkolaataa ykn otoobisii irra ta'e, maaskii, gaachana fuulaa ykn haguuggii fuulaa uffachuu fi kutaa imala kessa imaltootaa giddu yoo xiqqaate fageenya faana sadii (3) mirkaneessuu.
    - Imala namoota qunnamtii idilee qabachuu turanii fi nama barbachisa ta'n (fkn atileetota, leenjistoota, garee meedikaalaa) daangeesu.
- Imala qilleensaa

    - Yeroo danda'mu, imala qilleensaa daldalaa irra xiyyaaraa chaartara fayyadamuf yaadu. Imalli qilleensaa daldalaa xiyyaaraa tooftaawwan to'annoo dhukkuba jabaa qabuu fi ulaagalee maaskii addunyaa maratti kabachiisuu dansda'u irratti ta'uu qaba.
    - qulqulleessituu harkaa alkoolii 60-95% qabu yeroo hundduma baadhuu deemii fi irra deddeebiin fayyadamu.
    - Maaskii ykn haguuggii fuulaa yeroo hundaa uffachuu akkasumas nyaataafis ta'ee dhugaatiif offirra baasuu xiqqeessa.
    - Xiyyaara dhuunfaan garee adda addaa waliin imala godhu irraa of qusadhaa.
- Konkolaachisaa, nama xiyyaara oofu fi garee xiyyaara dabalatee, maqaa imaltootaa hundaa guyyaa fi yeroo imalaa fi lakkoofsa konkolaataa/heyyama galmeessuu.
- Konkolaachistoonni garee tokkoon tokkoon konkolaachisu duraa fi booda kan maaskii uffatan fi kan harka sanitizzi godhan ta'e kutaa imala hedduu konkolaachisu heeyyamuuf. Konkolaattonni qajeelfamootaa geejjibaa hordofuun geejjiba kutaa imala tokkoon tokkoon gidduu qulqullaa'uu qabu.
- Mallattoolee dhibee COVID-19 yoo argisiiste qorannoodhaaf dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa qunnamaa.
- Namoota waliin tuttuqii qaban hordofuuf, kan isin quunnaman yoo ta’e, dhaabbata fayyaa hawaasaa naannoo waliin ta’iinsa godhaa.

Hanga danda'ametti, atileetonni gara ykn giddu-galaawwan ga’umsa-qaamaa mana keessa fi bashannanaa mana keessa irraa imaluu kanneen gochuu qabu, garuu irraa hin eegamu:

- Qajeelfama (Yaadawwan) OHA Imalaaf hordofaa.
- Yeroo danda’amu, achuma buluu irraa hambisuuf imalaa fi taphaa guyyuma walfakkaataatti godhuu. Imala turttilee halkan ykn guyya wal fakkatadhaf, paakeejii nyaata ykn tajajilla kutaa dursee qopha'e fayadamun itti yaadamu qaba. Filannoon jiruu nyaata restoraantii qofa yoo ta'e, nyaata alaa ykn mana alaa nyaachuu tilmaami.

Qabeenya dabalataa:

- Mallattoo maxxansuu dandeessu
- Qajeelfama Maaskii, Haguuggii Fuulaa, fi Gaachana Fuulaa Naannoo-maraa
- Qajeelfama Waliigalaa Hojjattootaa fi Dhaabbatotaa OHA

Argannoo Sanadaa: Namoota afaan ingiliffaa malee afaan biraa dubbatanii fi miidhama qaama qabaniif, OHAn foormaatota akka turjumaana, maxxansa guddaa, ykn bireeyilii itti odeeffannoo dhiyeessuu danda'a. Buufata odeeffannoo fayyaa 1-971-673-2411, 711 TTY irrati ykn COVID19.LanguageAccess@dhsoha.state.or.us qunnamaa.